Australian Government
Department of Social Services

# Okkora/gajahumsa Maatii fi Visa wal-fuudhii

## Namoonni Vizaa walfuudhii kan of harkaa qaban Awustiraaliiyaa keessatti miidhaa gaa'ilaa keessa jiraachuu hin qaban.

Australia keessatti, okkorri/gajahumsi man-keessaa fi maatii hin fudhatamu.

Kan wal-fuudhtan, miseensi maatii yookaan namni kan biro hawaasaa keessaa maalummaa visa keen si sodaachisuu hin qabu.

Kan yoo visa wal-fuudhii kan yeroo (gosa visa, , 309, yookaan 820 jedhu) ykn visa gaa'ila gara fuuladuraa (subclass 300) qabda tahee fi okkora/gajahumsa maatii argattee hariiroon kee adda cite, seerri kolugaltummaa Australia keessaa (gosi visa 100 yookaan 801) akka ati itti fuftee visa dhaabbataa Wal-fuudhii qabaattuu fi biyyicha keessa jiraattu si gargaara.

Ati ykn namni ati beektu kan balaa keessa jiru yoo ta'e **000** irratti poliisiif bilbili.

Awustiraaliyaatti Polisiin nagaa fi amanamoodha.

Gorsa iccitaawaa fi odeeffannoo bilisaatiif **1800 737 732** irratti 1800RESPECT tti bilbilaa.

Turjumaana bilisaa kan barbaadu yoo ta'e **131 450** irratti bilbili.

## Mootummaan Australia okkora/gajahumsa man-keessaa fi maatii haala kam keessattuu hin sarmu; tole hin jedhu.

Okkorri/gajahumsi qe'ee keessaa fi maatii yakka faallaa seeraa ti. Namni okkora/gajahumsa qe'ee keessaa yookaan maatii irraan geessisu dhiiras tahe dubartii hidhamuu danda'a.

Okkoorri/gajahumsi man-keessaa fi maatii amaloota yookaan sodaachisa dhiirri dhiira irraan geessisu kan nageenya yookaan nagahuma ofii yaaddoo kessaa galchuu dha.

## Eenyu illee kan okkorri/gajahumsi qe'ee keessaa fi maatii Australia keessatti irra geessisame tajaajila kennitoota irraa gargaarsa argatuu danda'a.

Gosi vizaa kee yookaan akkaataan kolu-galtummaa kee rakkoo sitti hin qabaatu gargaarsa argatuu dandeessa.

Hariiroon keessan addaan bahe yookaan jiraates gargaarsa argatuu dandeessa.

**1800RESPECTn** tajaajila gorsaa miidhaa saalaa, jeequmsa maatii fi miidhaa mana keessaa biyyaaleessaa Awustiraaliyaati. Innis tajaajilawwan odeeffannoo fi gorsa hiccitaawaa karaa bilbilaa fi onlaayiniitiin bilisa kenna. Gorsitoonnis isin dhaggeeffachuun, gaafii keessanis deebiisuun, akkasumas tajaajilawwan gargaarsaa naannoo keessanitti argaman kan biraatti isin ergu danda'u.

**1800 737 732** irratti bilbilaa ykn marsariitii **1800RESPECT** karaa **www.1800RESPECT.org.au daawwadhaa**.

## Afaan deebisa yookaan afaan hiikaa ni barbaaddaa?

**131 450** irratti Tajaajila Hiikaa fi Turjumaanaa (**Translating and Interpreting Service** (TIS)) tiif bilbili. Tajaajilawwan gara biraa waliin dubbachuuf namni turjumaanaa TIS irraa isiin gargaaru kan danda'u yoo ta'u, garuu TIS'n gorsa hin kennu. Bilbilli hundinu bilisaa fi iccitaawoodha.

## Okkora/gajahumsa maatii irratti odeeffannoo dabalaaf:

Dhimma okkara/gajahumsa mana keessaa irratti odeeffannoo dabalataa kan barbaadduu fi vizaa kan qabdu ta'e, mar-sariitii Qajeelcha Dhimmoota Biyyaa Keessaa (**Department of Home Affairs**) **www.homeaffairs.gov.au** ilaali.